Talaalliwwan COVID-19 Dargaggootaf

Jaarmiyaalee hawaasaa dargaggoota tajaajilaniif eeyyama hubachuu

Vaccinate WA
CovidVaccineWA.org

Talaalliwwan COVID-19 dargaggoota umurii jiraniif amma ni argama. Gosoonni eeyyamaa baay'een seera Isteeta Waashingtan jalatti seera qabeessa ta'anis, Dhiyeessitooni talaallii baay'een talaallii dargaggoota kennuuf eeyyama maatii/guddistoota isaan barbaachisa. Kuni gosoota eeyyamaa seera isteetatiin eeyyamamanii fi akkamitti jaarmiyaan keessan dargaggoonni (keessumattuu dargaggoota mana jireenya hin qabneef) akka talaallii COVID-19 fudhatan gargaaruu ni galmeessa.

Ga'eessota dargaggootaf eeyyama qabachuu danda'an:

- Maatii
- Guddistuu ykn eegduu seera qabeessa
- Maatii guddisee yookin ijoollee manaan ala wiirtuu kunuunsaa keessa jiraniif eegumsa fayyaa eeyyamuuf nama manni murtii eeyyama kenneef (Boqonnaa 13.32A ykn 13.34 Revised Code of Washington (RCW, koodii Waashingtan keessa deebi'ame)
- Isaanif murteewwan eegumsa fayyaa akka godhuuf nama eyyama mallattaa'e qabu
- Fira eegumsa fayyaa isaanitiif itti gaafatamummaa qaban
- Narsii mana baruumsaa, gorsaa ykn qindeessaa manmaleessaa (dargaggoota McKinney-Vento Homeless Education Act)* federaalaa jalatti manmaleessa jedhamaniif)

Dargaggoonni ofii isaanitiif eeyyama qabachuu danda'u yoo:

- **Isaan seeraan warra bilisa ta'aniidha.** Umuriin isaanii waggaa 16 ykn isaa oli ykn maatii isaanii irraa bilisa akka ta'an galmeeffamanii eeyyamni kennameefidha.
- **Isaan nama umuriin hin geenye kan bilisa ta'e/taate ykn ga'eessa kan fudhaniidha/heerumaniidha.**
- **Dhiyeessan** Mature Minor Doctrine (Barmaatilee Warren Umuriin Hin Geenye kan Bilchina Qaban)**irratti hunda'uun **warren umuriin hin geenye kan bilchina qaban ta'uu isaanii ni murteessa**.

*Odeeffannoo dabalataa waa'ee eeyyama McKinney-Ventofayyadamuu:

Seera Isteetaa irratti hundaa'uun, narsiiwwan mana barumsaa, gorsitoonni mana barumsaa fi qindeessitoonni barata manmaleessaa dargaggoota ykn ga'eessa dargageessa (akka McKinney-Vento homeless education act federaalaa jalatti ibsameen – Ingliffa qofaan) manmaleessa kan to'annoo qaamaa kan maatii ykn guddisaa jala hin jirreef talalliiwwaniif eeyyama akka kennaniif eeyyamni kennamee jira.

Geessituu qabeenyaa: National Center for Homeless Education, *Barnoota barattoota kopha jiraatan kan manmaleessumaa arganii deeggaruu,* https://nche.ed.gov/wp-content/uploads/2018/10/youth.pdf - Ingliffa qofaan

**Waa'ee Mature Minor Doctrine irratti odeeffannoo dabalataa:

Dhiyeessitoonni muraasni warreen umuriin hin geenye bu'aawwan adeemsa wal'aansa hubachuu ykn dinqisiifachuu yoo danda'an "Mature Minor Doctrine" irratti hunda'uun eeyyama sirrii ta'e akka kennan isaanif eeyyamu.

Dhukkubsatan warreen umuriin hin geenye kan bilchina qaban ta'uu isaa murteessu keessatti, dhiyeessitoonni umurii, beekumsa, bilchina, leenjii, muxannoo, dinagdeedhan of danda'aa ta'uu ykn ta'uu dhiisuu fi akka ga'eessatti amala waliigalaa fi to'annoo maatii irraa bilisa ta'uu nama umuriin hin geenyee ni madaalu.

Odeeffannoo dabalataaf: COVIDVaccineWA.org ykn 1-833-VAX-HELP daawwadhaa, itti aansun gargaarsa afaanitiif # tuqaa.

Dhiyeessitoonni eeyyama karoota garagaraa muraasatiin fudhatu.

- Eeyyama afaaniin dubbataman (karaa bilbilaa ykn qaamaan)
- Eeyyama barreefamaa (unka)
- Namoota muraasaf eeyyama barreeffamaa fi afaaniin dubbataman isaan barbaachisa.
- Isaanif ga'eessaa eeyyama kennu irraa eeyyama qaamaan taasifamu.

Dargaggoonni talaallii isaanii akka argatan akkamitti gargaarun akka danda'amu

- □ **Dhiyeessichi eeyyama gosa kam akka fudhatu ilaaluf filannoowwan calallii Vaccine Locator (Teechistuu Talallii) (https://vaccinelocator.doh.wa.gov/?language=om) irratti argamu fayyadamaa ykn dhiyeessaadhaaf bilbilaa.** Filannoowwan calaallii dargaggootaf mijatoo ta'an kan Vaccine Locator irra jiran isinii fi dargaggoonni iddoo gosa eeyyamaa kan dargaggoonni kennuu danda'an akka argattan isin gargaara. Beelamaaf qopha'uu irratti gorsoota barbaachisoo ta'an argachuuf "Dargaggoonni gosa eeyyama kennuun isaan irra jiruuf akka qopha'aan gargaaraa" kan jedhu armaan gadii ilaalaa.
- □ **Iddoowwan talaallii beelama hin barbaanneefi beelama qabsisuuf dawwalan barbaadaa.** Dhiyeessitoonni baay'een sarara irraa beelama qabsiisuf eeyyama maatii ykn guddisaa ni gaafatu.
- □ **Geejiba gara belamoota talaallii fi gara manaa fudhatu dhiyeessaa.** Yoo isin geejiba dhiyeessuu hin dandeenye, abbaa taayitaa fayyaa naannoo keessanii ykn talaallii COVID-19 Department of health (DOH, Qajeelcha Fayyaa) irratti ilaalaa: Qabeenyota Geejibaa – (Ingiliffa qofaan) (Geessituu: https://www.doh.wa.gov/Portals/1/Documents/1600/coronavirus/820-151-COVID19VaccineTransportationResources.pdf)
- □ **Manneen barnoota naannoo eeyyama jiran wajjiin wal qunnamaa.** Yoo isin ulaagaa McKinney-Vento (odeeffannoo dabalataaf unkicha ilaalaa) kabajuun hojjechaa jirtan ta'e, eeyyama kennuuf narsii mana barumsaa, gorsaa mana barumsaa ykn qindeessaa barataa manmaleessaa wajjiin hojjechuu dandeessu. Dhiyeessitoonni muraasni ga'eessonni talaalliidhaf akka argaman gaafatu. Eenyutu baraticha wajjiin gara beelama akka deemuu danda'u murteessuf duursun hojjettoota mana barumsa wajjiin mirkaneessa kn qindeessaa.
- □ **Taate talaallii mobaayilaa mataa keessan qopheessaa ykn dargaggoota gara kilinikaa jirutti geessaa.**
  - □ Taatee mataa keessanii qopheessuu irratti odeeffannoo dabalataa argachuuf carraaqqiiwwan talaallii hawaasan durfaman gargaaruuf COVID-19 Vaccine Resource Guide (Qajeelcha Qabeenya Talaallii COVID-19) Ispaanishii (PDF) (Geessituu Ingliffaa: https://www.doh.wa.gov/Portals/1/Documents/1600/coronavirus/VACCSSupportCommunity-ledVaccinationEfforts.pdf) (Spanish Link: https://VACCSSupportCommunity-ledVaccinationEfforts-Spanish.pdfwww.doh.wa.gov/Portals/1/Documents/1600/coronavirus/) ilaalaa.
  - □ Taatee Care-A-Van gaafadhaa – Ingliffa qofaan. WA State Department of Health Care-A-Van (doh.wa.gov/CareAVan) talaallii isiniif fiduu ni danda'a. Jaarmiyaalee hawaasaa qopheessuuf seera qabeessa warra ta'aniif gargaarsi mallaqaa ni jira. Care-A-Van eeyyama warra umuriin hin geenye kan bilchina qabanii dabalatee gosoota eeyyamaa kan fulduara galmichaa irratti tarreefaman hunda ni fudhata.
- □ **Dargaggoonni gosa eeyyama kennuun isaan irra jiruuf akka qopha'aan gargaaraa:**
  - □ Yoo ga'eessi beelama dargaggeessa irratti aragamuun isarra jiraate, isaan wajjiin qindeessaa.
  - □ Yoo dhiyeessan eeyyama barreeffame fudhate, dargageessichi unkicha akka maxxansee mallatteessuu gargaaraa.
  - □ Isaan nama umuriin hin geenye kan bilisa ta'e/taate taatan ykn kan umuriin hin geenye kan umuriin hin geenye ykn ga'eessa bilisa ta'e fuutan/itti heerumtan taatan, galmee sirrii walitti qabuu gargaaraa.
  - □ McKinney-Vento fayyadamuudhan eeyyama kan fudhachaa jirtan yoo ta'e, garagalcha seera eeyyama odeeffannoon deeggarame fidaa: Revised Code of Washington (RCW, Koodii Waashigtan keessa deebi'ame) 7.70.065- Inglifa qofaan fi kutaa mana barumsaaf murtaa'aa ta'e shoolaa. (Geessituu gara seeraa: https://app.leg.wa.gov/RCW/default.aspx?cite=7.70.065)
  - □ Yoo isaan karaa Barmaatilee warreen umriin hin geenye bilchina qabaniitif eeyyama kennuu yoo barbaadan, isaan maatiiwwan isaanii irraa bilisaa ta'uu isaanii galmee fi odeeffannoo argarsiisu agarsiisuf akka qophaa'an gargaaraa. Kuni dhiyeessitoota hundaan gaafatamuu baatus gargaaruu mala. Dhiyeessitoonni muraasni iddoola irratti murtee warra umuriin hin geenya kan bilchina qabanii hin godhan garuu dhiyeessitoota duraanii irraa murteewwan warreen umriin hin geenye kan bilchina qabanii ni fudhatu.

DOH 825-017 December 2021 Oromo

Galmee kana bifa biraan gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 irratti bilbilaa. Maammiltootni dhaga'uu hin dandeenye ykn dhaga'uu irratti rakkoo qabdaniif, maaloo 711 (Washington Relay) irratti bilbila ykn civil.rights@doh.wa.gov irratti imeelii ergaa.